KITAABA ASOOSAMA

KOOTTU AGAMSA!

DESALE AMSALU KEFALE

Amajji, 2017A.L.I

Finfinnee, Oromiyaa

☆DESALE AMSALU KEFALE

Mirgi Asoosichaa seeran eegamaadha!. Barreessicha osoo hin hayyamsiisin kitaabicha kana guutummaa isaas ta'ee, keessaa kutaanii maxxansiisuun dhoorkaadha. Garuu dhimmoota adda addaaf wabeeffachuun ni danda'ama.

Qeeaqa fi yaada qabdan karaa armaan gadiitiin naa dhaqqabsiisuu ni dandeessu;

Lakkoofsa Bilbilaa: 0936719314

Fuulbarruu(Facebook): Desale Amsalu

Iimeelii(E-mail): desaleamsalu647@gmail.com

KENNAA JAALALATIIF

Pro/Dr/Barsiisaa / Barataa/ Obboo/ Aaddee/
Jaalalle_____tiif,

_____
_____
_____
_____
_____
_____
_____
_____
_____irraa.

Mallattoo_____

YAADANNOO

Jaallewwaan Kiyya lubbuu isaani dachee Agamsa irratti mormaa qalamani du'aanif naaf haa ta'u. Warra bakka dhaloota isaani lafaa Oromiyaa Godina Horro Guduru Wallaagga, Aanaa Amuuruu gandaa Agamsaa keessatti dhalatani, dachee isaani irratti morma qalamani du'aanif yaadannookoo dabale dadabalee naaf haa ta'u.

1, Geetachoo Dhuguma

2, Tesfaye Getachoo ilmaa isaa.

3, Misgaana soodda Geetachooti.

4, Tesfaye Immiruu

5, Gammada Immiruu

6, Margaa Abdiisaa

7, Fufaa Hundee

8, Awwaaqe Jaallataa

9, Baqqaala Gammaachu

10, Gobooshoo Tarraaafa

11, Abdaata Baayyana

12, Malkaamu>>>>>>

13, Tamee Boongee

14, Hordoofa Hundee

15, Galiloo Baabuu

16, Baayyana Gammaada

17, Magarsa Abdiisaa

18, Matiwoos Mokonnon

19, shaanqoo ……

20, Ermiyaas Olaani

21, **Dassaale Deesa fi kkf hedduudha.**

Kan maqaan hin ba'iin hedduun akka hafee nan beeka, garuu hunda keessanu lubbuu keessan haa jannatu!

Maddaa: Ummaata

GALATA

Jalqaba irratti waaqayyo isa na gargaare yoonan na ga'eef galaannikoo dachaadhaan naaf haa ta'u. Yeroo qulqulluu fi nagaa kan naaf kenne ammaas waaqtikoo galatakoo ha fudhatu.

Itti aanse haadhakoo fi abbaakoo umuri keessan naaf ha dheeressuu rabbi. Akka obbolaan fi hiriyoota kiyyaatti Gammee Fiqaadu, Magarsa Addisuu, Dr. Kaleem Fayyisa, Dr. Muluqaan Ejjeeta, Dr. Akililuu Gaaddiisa, B/sa Darejje Fayisaa, B/sa Lalisaa Abdi, Tolaa Hayilee, Enispekter Amsalu Tufaa, Olbaana Caalaa, Oliyaad Takkaale, fi kkf hedduudha. Dhifaama naaf godha? Maqaa keessan kan ani hin caqaasiin hedduudha.

Galata Addaa: kitaaba kana sagaleetti jijjiruuf utuu dadhabne hin jedhin halkaaniif guyyaakan hojjeecha jiran Nafyaad Abboomsa fi Caaltuu Gammachuu guddaan isiin galateeffadha.

BAAFATA

BOQONNA 1…….AAGAA FI AYAANTU

BOQONNA 2……LEENCA AGAMSA FI GAASO

BOQONNA 3……KISAARA FI KUFAATI MAGAALITTI

BOQONNA 4……KOOTTU AGAMSA!

BOQONNA 5……BAGAAN NAGAAN DHUFTAAN!

BOQONNA * 1

AAGAA FI AYYAANTU

Seensa

Bara 1979 A.L.I Halkaan keessaa Sa'aati iyyaa lukkuun iyyitu sagaleen "Na dhaqqaabaa! Na dhaqqaabaa! Silaan du'ee!" jedhu dhaga'ame. Waqtiin isa birraa ture. Yeroo namni akka dammatti wal jaallatu fi waliif birmaatu ture. Dacheen Agamsaa kunis Muka Laaftoon uwwifamte argamti. Namoonni naannaa kanaas muka Laaftoo fi citaa walitti fiduun mana citaa ijaarani keessa jiraatu. Dacheen Agamsa kun bosona guddaa waan turteef haalli qilleensa ishee manne bineensotaaf mijaatadha. Bineensonni akka Qamalee fi Weenni hedduun keessa jiraatu. Bal'inni bosona kunis ganda Agamsa irraa ka'uun hanga Aanaa Amuuruutti kan dheeratu ture.

Aagaa fi Ayaantuun jiraattoota magaala Agamsaati. Aagaan lafa qonna sirreeffachuf muka Laaftoo kana ciraa oole hedduu dadhabera. Ayaantun illee mana kessa ***kurkuraa*** oolte dadhabdetti, garuu isheen milaa abbaa warra ishee dhiqtee raffisuun isa boqochisti. Haa ta'uu malee Ayaantun akkuma Aagaan dhufeen luka isa dhiqtee irbaata nyaatani waliin gara ciisicha deeman. Halkaan keessaa Sa'aati iyyaa lukkuun iyyituu sagaleen "Na dhaqqaabaa! Na dhaqqaabaa! Silaan du'ee!" jedhu dhaga'ame. Kana yeroo dhaga'etti Aagaanis gara sagaleen kun jirutti qajeele.

Akkuma bakka kana ga'een mana citaa kanatti namni hedduu naanna'ee dhaabbateera. Aaganis ol liixee addaa baafachu barbaade ol seene. Garuu yoo ol seene ilaalu cininsuudha jedhaani itti himaan. Sana booda cininsuun itti cimnan gara Godina wallaagga Baha, Aanaa Kiraamuu fuudhani deemuf murteeffatan.

Haati warraa obboo Lataa addee Dammituun Aagaaf obboletti itti waan oltuuf Aagaan biraa hafuu akka hin qabnees beeka. Aagan dargaggeessaa waan ta'eef jaarsoli illee akka inni faana deemu barbaadu. Halkaan kun hanga bari'utti Aagan cininsuu cimaa keessa ture.

Yaaddon isaas baatani deemu isaani osoo hin taane, ciraa jalqabe sana utuu hin xummuriin dhiisee deemu isaati. Haa ta'uu malee halkaan kunis bari'uu hin oluu. Obboroo simachuuf simbiroonni wacani, weennii muka irra koorrisa bari obbooroo simaataan. Aagaanis gara manatti deebi'ee Dammitu itti nagaa dhammachuuf deeme. Mana ga'ee Ayaantu itti nagaa dhammate deeme. Ayaantun uffaata adi (*BULLUUKkOO*) uffiste kophee haaraa itti uffiste geggeessite. Jaalala abbaa mana isheef qabduu irra kan ka'ee utuu inni ishee bukkeedha hin deemu ta'ee itti tola ture. Garuu cininsuu obboleetti isa biraa yoo hafee biyyi maal na jedha jedhe deeme.

Aaganis dargaggoota akka isaa 6 fuudhate isaa faana 7 ta'aani deemuf ciree isaani nyaatani galaa isaani qabatani qajeelan. Obboo Lataan soodda isaadhaan kopheekee kana baasi harkatti qabadhu. Gufuun si jala luuqqisa ittiin jedhe. Sooddan isaa Aagaan tolee jedhe kophee isa harkaatti qabate deemsa jalqaban. Quba irra gogaa utuu luuqqisa jiru guufuun kophee harkaatti qabatani deemu. Yeroon isaa akkuma beekamu yeroo walaalluman biyyaa irra tureedha.

Magaalan Kiraamu magaala Agaamsa irra 36km irratti argamti. Isaanis deemsa guyyaa 2 waan ta'eef gala isaani qabatani deemsa eegalani jiru. Guyyaa kana guutuu luka qullaa isaani deema olaani bakka Bosonni guddaa tokko itti argamu Bosona ***GURRAA-GARBII*** jedhamu keessa ga'ani. Bosona kana kessa manni waan hin jirreef bakkee buluuf murteessani. Akkuma bakka kana ga'aanin Addee Dammituuf bakka isheen ciftuu mijeessani ofi isaani ammoo lafuuma buluuf qophaa'ani.

Bosonni kun mukkeen dhedheeroo fi qoree xaxxaman kan guute fi bakka keessaa buluuf miti, kan keessaa darbuuf illee kan nama soodachisudha. Aagaa fi dargaggoonni isaa faana jiran garuu dirqaama itti taanan malee keessa buluu hin barbaanne turan. Isaanis akkuma nyaata isaani nyaatanin booda rafuuf qoqophaa'ani. Akkuma mataa isaani gad-qabaatanin sagaleen xiqqoo xiqqoo dhaga'amu jalqabde.

Sagaleen kun kan nama fi kan bineensa ta'uu addaa baasun hin danda'amne. Isaanis sagalee dhaga'amte kana adda baasuf yeroo isaan mataa isaani ol qabaatan sagaleen duraan dhaga'amte kun irraa fagaatte dhaga'amti. Ammaas isaanis waan dadhabaniif rafuuf yeroo isaan boquu isaani gad qabatan, sagaleen duraa fagaatte kun ammaa itti dhiyaattee dhaga'amte. Irra deebi'uun ol jedhan, garuu sagale kun irra fagaatte. Ammaa garuu sagaleen kun kan namaaf fakkaachu jalqabeera. Garuu addaa baasani jechoota isa adda baasun ulfaata.

Utuma akkaana ta'ani lafti biiftuu ganama simachuuf yeroo jedhu Addee Dammituu fudhatani bosona kana kessaa ba'an. Isaan waan hin beeknef malee bosonni kun baay'ee sodaachisa fi namni keessa seene nagaan ba'ee hin beeku. Bosona kana keessa bineensa laga ykn simbiroonni tokko illee kessatti hin argaman. Akkaa aadaa namoota naannaa sanatti bakki kun mana seexanati jedhame beekama. Haa ta'u malee Aagaa fi dargaggoonni sun garuu gargarsaa rabbidhaan keessa darbaniru.

Obboo Lataa fi dargaggoonni kun haadha warra obboo Lataa baatani guyyaa keessa sa'aati 9tti magaala Kiraamuu ga'an. Gara Hoospitaalaa Magaala Kiraamuutti ariitidhaan deeman. Akkuma Addee Dammituudhaan hoospitaala geessanin dargaggoonni hundi gara biyyaatti deebi'aan. Ammaa kan ishee faana jiru Aagaa fi Obboo Lataa qofadha.

Hoospitaalaa Waligalaa magaala Kiraamuu kun ogeesota fayyaa biyyaa Ingiiliizii irra dhufanin kan dhaabbate ture.

Haa ta'uu malee, cininsuun Addee Dammituu irra ture kun dhukkuba biraaf waan ishee saaxileef gara biyya Ingiiliizii deemte akka yaalamu qabdu ogeessonni fayyaa kun itti himan. Yeroo sanatti Hoospitaallii kun namoota harka qalleeyyif tajaajila bilisaa kenna ture. Addee Dammituun illee tajaajila bilisadhaan deemte yaalamu akka qabduuf itti himan. Oduun kun kan nama gammachisu fi kan nama gaddisisuu of kessa qaba. Kan isaan gammachisee tajaajila bilisaa ta'u isa ture, garuu kan isaan gaddisisee garuu isheen biyyaa baate biyyaa bakkee deemu isheeti.

Obboo Lataatti utuuma itti ulfaatu akka isheen deemte yaalamtuu eeyyamef. Aagaa fi obboo lataan garuu faana deemun hin eyyaamamneef. Hanga isheen yaalamtee deebitutti garuu Hoospitaalaa kana keessa akka bulu danda'an itti himan. Guyyaan isaas Wixaata ganama ture, ishee fudhachuuf xiyyaarri dhufte Hoospitaalaa kana keessa buufatte. Addee Dammituu fi namoota akka ishee tajaajila biyyaa Ingiiliizii jedhaman fuudhatte deemte. Aagaa fi Obboo Lataan ergaa isheen deemte Hoospitaalaa kana keessa nyaacha, dhugaa fi kessumaa bula jiru.

Ergaa isheen deemte har'aa guyyaa 3ffaa dha. Garuu odeeffannoon waa'ee ishee tokko hin jiru. Garuu namoota ishee faana deemani kaan yaalame kaan ammoo odeeffannoon isaani dhufa jira. Aagaa fi obboo Lataan garuu odeeffannoon ishee har'aa bor dhufatti torbaan guutaniru. Garuu odeeffannoon tokko kan waa'ee ishee dhufu hin dandeenye. Ammaa garuu Aagaa fi Obboo Lataan dhiphina keessa jiru.

Baati tokko ta'e garuu ammaa illee odeeffannoon tokko illee hin jiru. Aagaan abdi kutateera. Garuu Obboo Lataan abdi kutachu hin dandeenye. Aagaan Obboo Lataa dhaan "***koottu galla Isheen duutetti, malee silaa utuu fayyaa taate ta'e odeeffannoo nuuf ergu dandeessi ture***" Jedhe. Garuu Obboo Lataan amanuun itti ulfaate "***ani hin galu ishee dhise***" jedhe. Aagaan garuu "***galuun qaba nan deema" ittin*** jedhe. Aagaa fi Obboo Lataan Hoospitaalaa kana kessatti gargar ba'an. Garuu sana booda Aagaa fi Obboo Lataan wal hin argine. Aagaan obboleetti isaa fi abbaa mana ishee Hoospitaalaa kana keessatti gargar ba'e.

Namoonni magaala Agamsaa odeeffannoo waa'ee Addee Dammituu eega jiru. Garuu Aagaan Addee Dammituu fi Obboo Lataadhaan dhisee dhufe. Garuu shakkidhaan Addee Dammituun duutetti, Obboo Lataan garuu amanuu didaani achuma akkaa jiran namoota ollaa isaatti hime. Ummaanni magaala Agamsaa kun kan hedduu wal jaallattu, wal kabaju fi waliif birmaatudha. Aagaan hojii qonnaa bukkeetti adamsituudha. Ergaa magaala Kiraamuu irra deebi'ee har'aa guyyaa 3ffaa isaati. Innis lafaa qonnaa isaa osoo sirreeffacha jiru, har'aa garuu gara bosona deeme bineensa adamsuuf qophi irra jira. Ayyaantun ammoo balbala irra teesse midhaan qulleessa jirti. Aagaan akkuma meeshaa qara qabu fuudhaate booda gara Ayyaantu deeme nagaa itti dhaammate deeme.

Aagaan har'aa adamsituudha. Ayyaantuun ammoo hojii midhaan qulleessu irra jirti. Magaala Agamsaa fi naannoo isheef har'aa oduun amanuuf namatti ulfaatu dhaga'ame. Akkuma beekamu guyyaan isaa, waqtiin isaa yeroo qotee bulaan lafaa qonna isaa itti sirreefatu ture. Garuu oduun dhaga'amte kun yeroo fi waqtii kan namaaf kennituu miti.

Dacheen Agamsaa wanta taate kan namatti dubbattuu utuu har'aa dubbachuu dandeessu ta'ee silaa waan hedduu dubbachuu dandeessi ture. Hunduu kan oli fi gadi fiiguu malee kan namatti dubbatu hin jiru.

Ayyaantuun Aagaan mana dhibuun isa hedduu ishee dhiphiseera. Ammaa qofa ishee taate waan gootu fi waan qabdee gad dhiistuu dhabdetti. Gad baate yeroo waan ta'e nama gaaffachu yaaltu kan jala deebisu tokko illee hin jiru. Ol galtee Balee fuudhatee gara bosona Aagaan deeme jette yaaddetti qajeelte. Haa ta'uu malee namni manatti hafee hin jiru. Ummaanni magaala hunduu gara bosonatti baqateraa. Isheen illee gara Aagaatti deemte.

Sirni nafxaanya ummaata Amaaraan durfamu magaala agaamsa bara 1979 bituuf gara magaala Agamsaa kana dhufani magaala kana jeeqan. Ummaanni bosonatti baqate kun ergaa magaala kun tasgaabba'ee booda gara magaala isaanitti deebi'aa jiru.

Garuu wal jalaan malee hunduu yeroo takkaa hin deebine. Aagaa fi Ayyaantuun hangaa har'aatti wal hin argine. Ergaa wanti kun ta'e booda har'aa guyyaa 7ffaadha. Garuu namni bosonatti baqate hunduu gara magaalatti hin deebine. Ijoolleen beela fi dheebuun kan du'aan lakkoofsa hin qaban. Kan ammoo bineensan nyaatame kan hafee hedduu ture. Haati fi ilmaan kan gargar bahani hafaan heddudha.

Ayyaantuun abbaa warraa ishee har'aa bor dhufaa jette eegaa jirti. Garuu guyyaan guyya irratti dhufaa har'aa ji'aa tokko guutera. Hangaa har'aatti Ayyaantuun abdidhaan dhufa jette eega jirti. Bineensan nyaatame du'ee fi jiraachu isaa waan beektu hin qabdu. Garuu amanuun waan isheetti ulfaatef abdiidhaan balbala ilaala jirti.

Aagaan miilaa fageeffachu hin ollee. Sirni nafxaanya kun ummaata magaala Agamsaa dararuuf akka dhufee namni beeku hin turre. Garuu yeroo booda ummaata magaala Agamsaa kana dararuu jalqaban. Ummaanni isaanif akka garbaatti qotee nyaaachisuu fi isaanif sagadu jalqabe.

Ayyaantuun dubarti midhagduu waan taatef dura taa'an sirna nafxaanya magaala Agamsaa kan turaan Obboo Kaaffalew Ayyaantudhaan gara mana isaatti akka dhuftu hojjetoota isa fi loltoota isa gara isheetti erge. Hojjettonni isa kunis Ayyaantuudhaan oli fi gad darbachaa fidan. Innis gara kutaa ciisichaa isaatti akka dabarsaanif hime. Hojjeettonni isa kunis Ayyaantuudhaan kutaa ciisichaa isa keessattii ishee hidhaani bira deeman. Sana booda Qooroo ykn dura taa'aan sirna nafxaanya kun ol gara ciisicha isaatti darbe. Ol liixee ishee gudeeduuf akka ta'e isheenis waan beekte fakkaata. Innis dhimmaa isa rawwaachuuf ol seenera.

Obboo Kaaffaleew haadha warraa Aagaa kana irratti gudeeddi rawwaachuf kutaa ciisicha isa kessaa uffaata baafacha jira. Haa ta'uu malee bara kana kessatti sirni nafxaanya kun ummaata nagaa fi jaalala magaala Agamsaa keessa naanna'udhaan yaaddessuu fi akka isaanin gabbaraan gochaa jira. Isaa didee ammoo ajjeessuu fi hidhaan adaba jira. Ummaanni kun kan qotee isaan nyaachisuu fi isaanif ergamu irratti hidhaa fi ajjeechan garuu irra matumaa hin dhaabbanne. Haati ilmaa ishee faana hammaa mormaa qalamtuttii ga'eera.

Gochii akkaana kun waggaa kurnaan darbaan magaala Agamsaa keessatti rawwaachuun kan ture waan ta'eef isaanif waan haaraa miti. Bara sana keessaatti waggaa kurnaan darbaan ummaanni magaala Agamsaa kun namooota amantaa kiristaana hordofanin akka isaan ajjeeffamani fi jireenya hawaassummaa keessaa akka isaan baafaman gochudhaan isaan balaalleeffacha turan. Kanaaf ummaanni kun gocha akkanaaf haaraa ta'uu baatus har'aas akkuma immimaan isa cobsutti jira.

Qoroo kun Ayyaantudhaan gudeeduf mana cufate jira. Yeroo inni jalqabuuf jedhu balballi isa humnaan rurukkutamu dhaga'e. Innis aritiidhaan deeme balbala banee. Yeroo inni balbala baanu hojjetoota isa kessa isa tokkodha. Innis akka dheekkamu tokko ta'e "***Enyuudhaa kan na barbaade?***" jedhe. Hojjetan isa kunis "***Gooftaakoo nama karaa fagoo irra dhufanidha***" jedhe. Obboo Kaaffalew "***mee deemi nan dhufa***" jedhe. Innis deebi'ee Ayyaantuudhaan "***galgala walitti deebina***" ittiin jedhe deeme. Innis keessuummaa fagoo irra dhufe kana deemen simadha jedhe gara man-dureetti(Saaloonii) deeme.

Namni fagoo irra dhufe jedhame kun ammoo ergaa Godina irra dhufee akka fidee itti hime. Ergaan kunis wanta ummaata fayyadu osoo hin taane wanta miidhuudha. Ergaan kunis"***Nagaan siif haa ta'u, ummaata magaala Agamsaa keessaa dubartoota sadii gara godina keenyattii nuuf ergi"*** kan jedhu ture. Innis ***"tole boruu deebi'ii***" jedhe. Hojjetoota isaan akka isaan nama erga fidee dhufe kanan akka fardaa isa tiiksaanif ajaje. Nyaata nyaachisani, miilaa isa dhiqani akka isaan isa bulchaan illee hojjetoota isa ajaje.

Akkuma keessuma isa bira deebi'een Ayyaantudhaan erguuf karoorse. Ammaa Ayyaantu faana hin ciisuu, siin gara godinatti sii erga jedhe. Wanti isheen deemtuf ammoo isheef matuma hin galleef garuu aritiidhaan tolee jette. Isheef halkaan har'aa haa bari'uuf malee itti gammadde miti. Aagaan bakki buuten isa hin argamne. Ayyaantun ammoo ijoollumma isheetti, yeroo isheen abbaa warraa ishee Aagaa faana jaalala dhamdhamuu jalqabdutti dhukkubni waliin isa hin beekamne jala fuudhe badeera. Hojjettuu nama taate, biyyaa ishee dhiistee gara magaala hin beekne deemuf akka jirtu ganama itti himan.

Isheenis tole jette. Magaala Agamsaa keessa dhiistee yeroo deemtutti biyyaa abbaakoo, haadhakoo, fi lafaan itti abbaa manakoo dhabee dhisee deemun koo nan gammachifne garuu dhirrii bakketti akka barbaade natti taphachurra abbaa mana koo utuun eeguu nan du'aa jette deemte. Yeroo sana konkolaatan wantaa hin jirreef Fardaan Ayyaantu fi dubartoota gara bira lama fuudhani deemuf fardaa irra yaabsisani deeman. Akkuma beekamu Magaala Shaambuu magaala Agamsaa irra 98km fagaatte argamti. Isaanis deemsa guyyaa lama booda magaala Shaambuu ga'aan. Ayyaantuu fi dubartoonni ishee faana deeman kun amma mana gudda fi kan hedduu bareedu tokko bira ga'aaniru.

Magaalan Shaambuu magaala guddoo fi bareeddu turte. Isaanis kana argani waan hin beekneef haaraa itti ta'eera. Garuu ariitidhaan mana guddaa fi bareeda kana keessa seenuuf deeman. Namichi isaanin magaala Agamsaa irra isaan fidee dhufees isaan faana gara mana kanatti akka isaan seenan isaan ajaje. Isaanis balbala irra dhaabbaatani balbala rukkutan. Namichi balbala mana kana eegus dhufe balbala bane. Balballi akkuma banameen Ayyaantuun waan amanuuf itti ulfaatu tokko argite.

Miiraa Ayyaantu kana argee namichi ishee fuudhe deeme ol seeni jedhe akka dheekkamu tokko ta'e. Isheenis afaan ishee qabatte ol seente. Wanti isheen argite hamma ija ishee amanu dadhabduttii ishee geesiseera. Garuu dhugaa jette fudhachuun itti ulfaatera. Sanas ta'ee kanas ta'ee namni ishiin argitee Aagaadha. Abbaa warra ishee ishee qeerrummaa isheetti dhabdeedha. Aagaan haadha warraa isa argachu isaatti waan gammade fakkaata. Ayyaantun garuu naasuu fi gammachuun walmakee fuula ishee irraa mul'ata.

Ayyaantuu fi Aagaan garbummaadhan mana kanatti wal haa argaan, malee namni isaanin akka isaan haadha mana fi abbaa mana ta'an kan beeku hin turre. Ayyaantun balbala ol akka hojjeettu Aagaan ammoo balbala gad akka hojjetu ajajamananiru. Kanaaf wal argani haasa'uuf illee haalli mijaata hin jiru. Garuu lameen isaani iyyuu wal barbaada jiru. Yoo Qooroon (Baalaabbaatnii) isaan isaf garbummmaa galani jiran beekan akka isan ajjeessan beekamadha. Kanaaf Aagaa fi Ayyaantun wal arguun itti ulfaate. Garuu garaan isaan teessisaa hin jiru. Sirni nama nyaata kun ummaata Oromoo fi lafaa Oromiyaa hunda qabate akka ture beekamadha.

Magaala Shaambuu fi naannoo ishee har'aa aduu ganama simachuuf qophii irra jirti. Weennin muka irraa koorrisaa, simibirrii ammoo waacaa, fi umamni hundi barii obbooroo simachuuf hunduu bakka jiru sosochii taasisaa jira. Aagaa fi Ayyaantun utuu jaalala isaani isa Qeerruummaa fi qaarrummaa sana dhandhamanii hin quufiin har'aa akka nama wal hin beekne mooraa tokko kessa jiru.

Aagaan ishee argee akkaamitti akka isheen dhuftee fi akka ishee hedduu yaaderuu itti himu barbaada. Isheenis isa argitee fooli bobaasa isaa isa hedduu jaallattu sana bobaa isa jala galtee hammatamuu barbaaddi garuu haalli mijaata hin jiru.

Lameen isaani iyyuu garuu har'aa wal-arguuf waan murteeffatan fakkaatu. Yaa rabbii milkeessi jenna. Ergaa Ayyaaantun mana kana dhuftee har'aa guyyaa 5ffaa isheeti. Aagaan garuu xiqqoo bubbuluun isa hin hafuu. Haa ta'uu malee guyyaan har'aa kun Aagaaf guyyaa dhiphuu haa taatuu malee yoo milkaa'ee haadha warraa isa sana argee haasa'uu barbaada. Ayyaantuun illee hedduu soodattetti garuu isa arguun dirqamadha. Lameen isaani bakka tokkotti argamnan akka ajjeefaman utuu beekani wal arguuf sosochii irra jiru. Milkeessi yaa rabbii!!.

Ciree isaani akkuma nyaatanin Qooroon kun gara magaala Agamsaa akka deeman dhaga'an. Kun ammoo daran isaan gammachiseera. Wal argaaf karaan tokko mijaateera. Garuu hojjeettoonni isa mana turuun isaani karaa tokko ammaayyuu sodaa qabu. Haa ta'uu malee wal arguun hin oltuu natti fakkaata har'aa. Qooroon kun mana akkuma ba'aani deemanin akka itti wal argaan barbaada jiru. Kana gidduutti Ayyaantuun utuu isa arguuf oliif gadi fiigduu luktii ishee meelate jennan iyyite. Bakka isheen kuftettii hojjeettoonni mana kana kessaa hojjetan hunduu aritiidhaan ishee bukkee ga'aan. Isaanis bakka isheen kuftee ishee kaasanii ol galchaan garuu dhidhibbaachu qabda ishee jedhan.

Yeroo sanatti kan dhidhibbaa beeku Aagaan akka jiru hojjettoota sana keessaa hojjeettun tokko isa eertee. Isaanis isa gaaffachuf gara isaatti fiigaani gaaffaatan. Inniis gammachuudhaan tolee nan danda'a jedhe. Tolee jedhaani Ayyaantudhaan lamaa ta'ani bukkee ishee gooranii harkaa qabani geessan. Innis harkaa fi lukaa bareeda kan haadha mana sana ergaa argee bubbuleera. Akkuma isaan ishee fidaanin dhufanin bishaan bulluqsaa fidaa jedhe. Isaanis fiduuf walakkaan isaani gara golattii deeman. Bishaan bulluuqee dhufe. Ayyaantun isaanin "deema seena hojii kessaan hojjedha inni naaf haa dhidhibuutti nan deebi'ee jette. Isaanis tolee deemne hojii keenya itti fufna jedha.

Malliikee malaa dubartii humanikee akka humna bishaani siif haa ta'uu kan jedhame silaa dhugaadhaa? Erga isaan deemani booda Ayyaantun ija abbaa warra ishee keessa ilaala Aagaakoo dhisi hin dhiphatiin anoo fayyaadha. Siin arguuf jedhe falaan faleedha jette. Utuu ijii ishe immimaan calaluu dhuftee isatti maramte. Innis hedduu ishee yaadu irraa kana ka'ee ishee hammatee gad dhisuu didee.

Jaalalli abbaa manummaa fi haadha manummaa gidduu jiru akkaam jabaata akka ta'e beekamadha. Haa ta'uu malee Aagaa fi Ayyaantun ji'oota hedduun booda wal arganiru. Galatakee yaa rabbii milkeesitetta. Akkuma beekamu namni mana keessa jiru hundi akka isaan haadha mana fi abbaa mana ta'aan kan beeku jiru. Silaa utuu namni beeku jiraate Aagaa fi Ayyaantun bakkeetti faannifaamani ajjeefamu. Garuu hanga har'attii namni beeke hin turre.

Aagaan ishee hammatee gad dhisuu dideera. Isheenis itti boo'aa akkamitti akka inni dhufee gaaffacha jirti. Innis waanan ta'ee maalirra siif jalqabuu Ayyuukoo jechaa jira. Kana gidduutti kootten tokko waan dhufee isaanitti fakkaate jennan ariitidhaan gara isa ilaalan. Hedduu rifaatani waan dubbaatan walaalan. Namni dhufee isaan ilaala ture jira.

Addee Galatee jedhamti hojjeettu mana kanatti akkuma Ayyaantuu dirqamaan Aanaa Amuuruu irraa dhuftetti. Galateen nama amala qabdu fi sagalee jabaan kessaa ba'ee hin beeknedha. Haa ta'uu malee yeroo Aagaa fi Ayyaantun walittii boo'aan garaan ishee boorra'ee, ijii ishee imimmaan calalee dhaabbatte ilaala jirti . Garuu Aagaa fi Ayyaantuun hedduu rifaataniru. Galateenis akka isaan rifaatan argitee "hin sodaatina" jette. Aagaa fi Ayyaantuun garuu jechaa ishee kana hin amanne.

Galateenis deemte isaan hammaattee "***anis akkuma kessaan abbaa manaakoo hidhaani anan ammoo as na fidaan***" ittiin jettee. Aagaa fi Ayyaantun sana booda ofitti ishee qabani ishee jajjabeessan. Haa ta'uu malee kun ta'ee booda Aagaa fi Ayaantuun akka isaan waliin haasa'ani fi wal argani akka isaan taphataniif Galateen haala mijeessitifi. Utuma akkana jedhu guyyaan guyyaa irraatti dhufaa baati ta'aa, baati fi baatin walirraa dhufaa waggaa guutaniru.

Galateeniis iccitti isaani osoo nama tokkotti hin himin har'aa geesiftetti. Bara 1980 baati Fulbaanaa keessa ture, taateen ajaa'ibaa kan rawwaatame. Guyyaan isa Kibxaata ganama raadiyoon waan guurraf amanuun namattii ulfaatu kan dubbatte. Oduun isaas ummaata oromoo biraatti hammaa amanuu dadhabuuttii ture.

Ganama har'aa haadholiin ilmaan oromoo gad baate hammaa lafaa irra gangalatutti ture oduun dhaga'ame. Taateen akkaana seenaa jireenya ilmaan oromoo kessatti rawwaatame kan hin beekne fi kana boodas kan hin rawwaatamnedha jedhan.

Aagaa fi Ayyaantun mana kana keessa akkuma kana duraa hojii isaani ganaman jalqabaniru. Garuu yeroo muraasa booda sagalee iyyaa namoota hedduu dhaga'udhaan gad ba'an. Haa ta'uu malee namoonni bakkee jiran kunneen meeshaalee waraana qabaatani gara mana kana seenaa jiraachu isaani argan. Sodaatani hedduu dhiphataniru. Aagaan balbala irraa gara duuddubatti baqateera. Qoroon ykn baalabbaata jedhe kan of waamu illee baqatee mana hin jiru. Ummaanni magaala shaambuu irra jiru hundi walitti qabamee nama kana barbaada jiru. Inniis kana beeke dursee badeera.

Bara kana ture sirni nama nyaata ummaata amaaran durfaamu kufee bara itti mootichii haayilee silaasse kufe mootin dargiin masara mootummaa qabate. Ummanni oromoo baha dhihaa fi kaaba kibbaa sirbee gammachu isa ibsate. Oduun kun Aagaa fi Ayaantuuf illee oduu gammachisa ture. Isaanis walfuudhaatani gara biyyaa dhalootaa isaani kan taate magaala Agamsaa ttii qajeelan. Galatee fi Ayyaantuun waggaa tokkoof isaa ol ergaa waliin hojjetanin booda Galateen Aanaa Amuuruutti isaan biraa haftee gara abbaa mana ishee barbaadutti qajeelte. Aagaa fi Ayaantuun dhufani magaala Agamsaa ga'aniru.

Ayyaantuun duraan mataa ishee qabattee kan biyyaa baate har'aa ammoo abbaa mana ishee isa goota faana mataa ol qabatte dhuftetti. Maati ishee fi maati isaaf kun Waan gammachu ture. Haa ta'uu malee Ummaanni magaala Agamsaa hedduu gamadeera.

Gammachuu irratti gammachu kan dabalu fi gammachuu irrattii gaddaa kan dabaluu ta'een isa kan addaa hin baafamin oduu tokko dhufe. Aagaan gad ba'ee "mana obboo Lataa deemen ture" jedhe utuu afaan irra hin xummuriin, Ayyaantun "Dammituun dhufteemoo moo duutettii" jette.

Aagaan "Tasgabba'ii lakkii Dammituun fooyyoftee deebite jirti" jedhe. Dammituun gammaddee "erga isheen deebitee dhuftee ta'e mana isheetti gammachuu keenya dabarsina" jette. Aagaan illee tole jedhani gammachuu ishee hirmaan jedhani qajeelan. Aagaa , Ayyaantuu fi maati isaani qabatani waa'ee maggaala Shaambuu fi wanta isaan muudate taphachaa gara mana Dammituu deema jiru. Gammachuun waan isaan guuteef wantuma kolfamu hin qabneetti kolfaa deema jiru. Ammaa waan dhufaani balbalaa irra ga'an fakkaatu.

Dammituun ciifte jirti. Abbaa manaan ishee ammoo keessummaa balbalaa irra jiru simachuuf gad ba'e jira. Innis keessummaa simate ol galche. Ayyaantuun akkuma balbalaa ol dabarteen "siree cabsi ka'ii"jette. Daammituun ammoo "LEEL" jette. Sana booda ishee dhungattee keessummoonni ishee faana dhufaan illee dhungatani gad taa'an. Sana booda daa'imaa ishee wal harkaa fuudha dhuungacha jiru. Gammachuu ishee faana hirmataani keessumonni dhufaan gara mana isaanittii deebi"aan.

Jireenyi itti fufaa…

BOQONNAA LAMA[2]

LEENCA AGAMSA FI GAASO

Magaalan Agamsa dachee Oromiyaa keessaa naannoo Amaaraa faana kan wal daangeesitudha. Bakki isa kun ammoo laga Mormor[Abbaayyaa] irrattidha. Lagni kun dachee Oromiyaa fi Amaaraa kan garagar qoodudha. Haa ta'uu malee, dacheen Agamsa kun bakka daldalli hoo'aa itti geeggeffamu fi lafa qonnaa mijaata qabdudha.

Bara 2007 A.L.I keessa ture yeroo lafti Agamsa halkaan bari hin qabne simatte. Akkuma beekamu lafti Agamsa qeerroo fi qaarree eenyumma isaani beekan kan hedduu of keessa qabdudha. Hawaasni magaala Agamsa kana keessa jiraatu kan hedduu wal jaallatuu fi wal kabajudha. Saba ollaa isa illee guddiffachaan kan guddisudha.

Yeroon isa waqtii bona keessa ture. Dargaaggoon magaala Agamsa kubbaa miilaa mana Barumsa sad.1ffaa keessatti taasifama jiru daawwacha jiru. Kaan sagalee isa ol kaase deeggara jira. Kaan ammoo afaan isa qabatee ilaala jira. Taphni guyyaa sana daran kan hedduu namatti toluu fi baay'ee kan nama hawwaatu ture. Garee tokko[juus kilaab] fi gareen inni tokkoo ammoo [waltaanaa] faana wal dorgommii cimatu ture. Haa ta'uu malee taphni guyyaa sana garee kubbaa miilaa 'juus kilaab'n goolabame.

Biiftuun seentenan lafti galgaloofte. Hundu bakka jiruu gara mana isaatti ol gale jira. Kan lafti itti dhitee ammoo yaaddoo tokko malee gara mana isaatti deema jira. Ammaa sa'aati 3 jedheeraa. Dargaaggoon kubbaa ilaala olee kan gammade kan ammoo hedduu gaddee hunduu gara Fuulbarruu[facebook] seene oddeeffannoo irra jiru ilaala jira.

Haa ta'uu malee wantii daraan hawaasa magaala gammachisuu karaa fuulbarruu tokko argame. Innis fuulbarruun haaraa "LEENCA AGAMSA" kan jedhu odeeffannoo wayitawwa fi dhugaa magaala Agamsa kan ta'ee kan dabarsuu ture.

Hawaasni magaala Agamsa kana argachuu isaanitti daran itti gammadaniru. Garuu sirnaa wayyaneef mataa dhukkubbi cimaa fi ulfaata ta'e ture. Kaadirroonni fi caasan mootummaa wayyaanee magaala Agamsaa keessaa turaan yaaddoo cimaa keessa turan. Fuulbarruun kun odeeffannoo magaala Agamsa keessaatti rawwatamu adduunyaf kan beeksisu ture.

Fuulbarruun kun seenaa ajaa'ibaa magaala Agamsa kessattii rawwaate. Guutuun Oromiyaa yeroo sirna wayyaannee ofirraa finciluu magaalan Agamsa illee ofirra fincila ture. Yeroo sanatti Qeerroo, Qaarree, Haadha fi Abbaa mana-hidhatti guura turan. Fuulbarruun kun odeeffannoo wayitawwaa kana fuudhe adduunya guutuuf beeksisa ture. Abbaa fuulbarruu kana addaa baafachuun garuu wanta hin yaadamnedha. Garuu namni hundi baruuf yaali hedduu taasiseera.

Dargaaggoon magaala kana sababa fuulbarruu kanatti kan lubbuu isaani harkaa wayyaanen darban hedduudha. Kan reebame illee daran heddudha. Garuu fuulbarruun kun ijoolle reebamani fi lubbuun isaani darbee illee beeksisa ture. Poolisonnii fi kaadironnii magaala kana keessa turaan yaaddo cimaa fi muuddama keessa jiru. Abbaa fuulbarruu kana namni beeku matuma hin turre.

Dargaaggoo magaala Agamsa hunda utuu qabani hidhaan illee itti tola ture kaadirootaf, garuu mana hidhaa bareeda illee hin qaban ture. Fuulbarruun kun humna midiyaa daraan beeksise ture. Sirni wayyaanee dargaaggoo hidhuu fi ajjeessu itti fufaan.

Fuulbarruun kun illee beeksisu itti fufee jira. Wanta seenan hin daggaanne hedduun magaala Agamsa keessatti rawwaatame. Wanta darbuuf jedhani wanta hin darbinee dargaaggoo fi dargaggeetti irratti rawwaatan kaadiroonni wayyaane.

Haa ta'uu malee hawaasni magaala kana gaddaa isa itti fufee jira. Qeerroo fi Qaarreen magaala Agamsa matuma sirnichaaf bitamu hin dandeenye. Gumiin dargaaggotaa magaala Agamsa maqaa isaani "GAASO[GUMII AADAA AFAAN FI SEENAA OROMOO]" jechuun wal gurmeessani ka'aan. Gumii kana keessatti wantoota hedduu magaala Agamsa kana keessatti rawwaatani turan. Gareen kun hojilee boonsaa fi nama gammachisuu hedduu rawwaatan.

Sirni wayyaanee seenaa badaa magaala kana kessatti yeroo rawwaatu gumiin kun ammoo seenaa matuma sammuu dhaloota keessaa hin banne rawwaata turan. Gumiin kun dura taa'a fi miseensa kan qabu ture. Hawaasni magaala kana abdin isa gumii kana fi fuulbarruu LEENCAA AGAMSA kana ture. Haa ta'uu malee isaanis akka abdataman qofa hin taane, hammaa lubbuu isaani dhabaan ittii hojii isaani kan rawwaatan.

Sirna hiddaa dhaloota Aagaa kan ta'ee fi kan sirnaa hiddaa dhaloota guggee kan ta'aan dargaaggoon hedduu kan hojii gumii isaani ba'aacha turan. Kana qofa miti. Dargaaggoon magaala kana hundi hojii boonsaa fi seenaan yaadatu hojjecha turan. Qeerroon magaala Agamsa biyyaa isa eeguuf lubbuu isaa deebi hin qabne kenne heddudha.

Lataan dargaaggoo gannaa 26ti. Magaala Agamsa kessaatti seenaa hedduu kan rawwaate fi duraa taa'a GAASO ture. Sirni hiddaa dhaloota isa Obboo Guggee irra kan dhufeedha. Sanyiin isaani akkuma beekamu sanyii leenca fi cimoodha. Dhugumattii Lataan nama cimaadha. Yeroo qabsoon mootummaa wayyaannee fi ummaata Agamsa kessatti akka abiddaa guyyaa bobaa'aa tureetti inni ammoo duraa taa'aa GAASO ta'e ture.

Abbaan fuulbarruu LEENCA AGAMSA dargaaggoo gannaa 20ti. Hiddaa dhaloota Aagaadha. Sanyii ofitti amanamummaa qabudha. Lataa faana walitti dhufeenya cimaa kan qabu fi hedduu kan wal jaallatanidha. Firooma illee walirraa qabu. Abbaan fuulbarruu kana hoji boonsaa fi daran ummaata Agamsa gammachisuu hojjeta ture. GAASO kessatti miseensa ta'u fi itti aanaa ta'ee hojjeta ture. Dargaaggoon kun barata kutaa 9 ture. Dargaaggoo mucaa kutaa 9 baratutuu ummaata isaaf ija ta'e hojjeta ture.

Dargaaggoonni miseensa GAASO turaan magaala Agamsa irra darbee naannoolee kanneen akka Kiiraamu, Haaroo, Amuuru, fi gandoota kanneen akka Jooja, Waalli, Miggir, Luuqmaa fi Dinki keessatti babal'ate. Baay'inni miseensota kana dargaaggoota 20,000tti tilmaame ture. Kan dhoksaan dhaabbilee mootummaa keessa miseensa turan ammoo namoota 1000 ol turan.

Waluma galatti GAASO'n walabummaa ummaataf kaayyefatee haa ka'uu malee waa'ee tokkuumma ummaata garuu irra deddebiin kan kaasu ture. Tokkummaan ummaataf humna jechuun dhaaddannoo isa ture. Ummaanni ollaa isa tuuqame jennan kan waliif birmatudha. Bara kana keessa manni Barumsa qophaa'ina ijaarame ture. Kaayyoo GAASO kan ture manni Barumsa kun maqaa dargaaggoo Dassaalee Deesa jedhame akka banamu kaayyoo isa ture.

Bara 2009 ture. Miseensoni GAASO hundi guyyaa jimaata walitti qabamani wanta isaan fi ummaata naannoo isaani muudate haasa'uu jalqaban. Haa ta'uu malee, duraa taa'a isaani kan ta'ee Lataan "***boruu hiriraa nagaa baana***" jedhe. Isaanis tolee jedhani waligalani deeman. Ummaataf ammoo karaa fuulbarruu LEENCA AGAMSA beeksisaani. Hundu galgala har'aa kaan dhaaddannoo barreessa, kaan ammoo uffaata qopheessa jira.

Qeerroon Waallii, Qeerroon Luuqmaa, Qeerroon Migir, Qeerroon Joojaa, Qeerroon Dinkii fi Qeerroon Qoollo hunduu magaala Agamsa irratti walga'ee. Galgala har'aa hundu bakka jiru wal ga'ee. Sanbata hiriraa nagaa ba'uuf halkaan uuma isaani galateffatani rafaan. Barii baraqaan weennin muka irra *korkorkorkor…* jecha koorrisa, simbirri ammoo *ciwuciwuciwu….*jechuun wacaa barii simachu eegalan.

Qeerroon hundi lafaa jiruu ol jedhe biiftuu ganama simate. "Yaa waaq lafaa nagaa nu oolchi!"jedhani uuma isaanitti himatan. Qeerroon magaala Agamsatti walga'ee garbummaa ummaata isaani fi isaan irra jiru himachuf walitti qabaman. Magaala Agamsa keessa bakka *KIILIISHEERII* jedhamutti hundu wal sassaabe dhaaddanno utuu hin eegaliin *ilaa nam-tokko akka hin baqannee* jechuun wal gorfatani dhaaddannoo isaani eegalan.

Dhaaddannoo isaani utuu dhageessisani dhufani ammaa magaala keessa bakkaa mana yaala looni ga'aniru. Poolisonnii fi humnoonni federaalaa ammoo daandi konkolaataa guddichaa cufani dhaabbataniru. Akkuma walgorsaan ammoo namni tokko akka hin baqanne jedhani hunduu imala isaani gara fuulduratti godhan. Poolisonni "bittinaa'aa" jechuun qawwee mataa isaani irratti hammaaccee.

Garuu yeroo muraasa booda Poolisonni humna dabalatan. Qeerroon hunduu gara duubaatti baqatee. Qeerroo hunda keessa tokko kufe argaan. Isaanis waan gufuun isa rukkute itti fakkaate dhisaani baqataan. Lataan garuu yoo itti siiqee ilaalu, Qeerroon kun rukkutame ciisa. Qeerroon baqatee hundu deebi'ee iyyee gaadode. Qeerroon rukkutame kun Dassaalee Deesa jedhama.

Dassaalee ilmaa Deesa utuu mana yaala hin ga'iin du'aan adduunya kana irra boqote. Magaalan Agamsa gurraacha uffaatte. Hunduu bakka jiru hedduu gaddee. Qeerroo walitti qabamani sirna awwaalcha Dassaalee Deesa rawwaataan. Dassaaleen haa du'uu iyyuu malee seenaan isa hin baduu. Siidaa isaf ijaaru barbaadani turan, garuu kaadiroonni hin eeyyamne.

Yeroo Dassaaleen du'ee booda Lataan Biyya isa gadi dhisee badee. Sirna awwaalcha Dassaalee irratti iyyuu hin argamne. Sababni isaas, maatiin Dassaalee sababa Lataatti mucaa keenya dhaabne jechuun warraa guma walgodhatan. Lataan Biyya isa gad dhiisee badeera. Qeerroon fi miseensonni GAASO hundi walitti qabamuun itti ulfaate erga Lataan biyyaa ba'e.

Yaali hedduun taasifameeraa turee garuu hin milkoofne malee. Manni barumsa qophaa'ina kun sababaa Lataan biyyaa ba'eef malee utuu Lataan jiraate maqaa Dassaaleen banama ture. Garuu lataaniis gara biyyaatti dhufu hin dandeenye. Ummaanni akkuma gaddeetti utuu guma isa hin baafatiin caallise. Taateen gaaddisisaa fi jibbisisaa kun yeroo jalqabaaf ummaata Agamsa irratti rawwaatame.

Ummaanni utuu immimmaan isa hin qoorin Qeerroo lama Ermiyaas fi Shaanqoo ajjeesani karaa irratti gataan. Ummanni ammaas isaan soodate ta'uu irraa waan bira kan godhu dhabe. Baasastu fi sobduun magaala Agamsa kessatti daraan baay'acha deeme. Ijoollen hedduu gara mana hidhatti guuraman. Ummaanni isaan kadhachu irra waan bira waan godhu dhabeeraa. Lafti Agamsa ammaa gurraachoftetti.

Akkuma beekamu dacheen Agamsa lafaa qonnaa mijaata fi bakka daldalaaf mijaattu turte. Yeroo ummanni keenya walitti galagale wal fiixuu sirni finxaaleeyyii ummaata Amaara FAANNOO jedhe kan of waamu, magaala Agamsa qabachuuf qophi irra turte. Ummaanni keenya galagalee Qeerroo fiixuu, isaan ammoo meeshaalee gurguddaa gara laga mormor seensiffacha turte.

LEENCI AGAMSA eenyudha? jedhani ummaata dararaa jiru poolisonni. Jarri FAANNOO ammoo meeshaa galfacha jirti. Utuma akkana jedhu ummaanni dur wal jaallachu fi walkabaju beeku har'aa wal dinneeffatee taa'e. Fuulbarruun LEENCA AGAMSA utuu hin beekamin waggoota hedduu lakkofsiseera. Haa ta'uu malee, waggaan waggaa irratti dhufa bara jijjireera. Ummannii abdi isa kutate taa'eera.

Hawaasa magaala Agamsa kana keessa maatiin tokko jaalala fi kabajaan mana isaani keessa turan. Maatiin kun Obboo Araarsaan kan buluu fi Addee Biliseen ammoo haadha warraa mana kanati. Dhugummatti maatiin kun hedduu wal jaallatu. Akkaata isaan wal itti maraarfataan namoota ollaa isaani hedduu kan inaafsisuu ture. Haa ta'uu malee bubbeen cimaa tokko gaaf tokko maati kana digaa jechuun namoonni isaan hin jaallanne eega turan.

Hawaasni magaala Agamsa utuu quba hin qabaatiin gaaf tokko fuulbarruun LEENCA AGAMSA "Hawaasni koo of eegadha" jedhe. Garuu dargaaggoon magaala kun dubbii isa kana utuu hin dinqisifaatin callisaani dhisaan. Namooni dubbii isaa kana itti yaada turaan lafaa ganama buufata Poolisii magaala kana fuuldurattii waraaqan waajjiraa kana keessa bakkeetti ciramee argaan. Hawaasni hundu afaan qabate waan dubbatu wallaale dhiise. Garuu dargaaggoon ammaayyuu gara mana hidhaatti guruun ittuma fufee jira.

Maatin obboo Araarsa kun ijoollee dhiiraa 6 fi dubaraa 0 kan qabu turaan. Ijoolle isa keessa mucaan angafaa Margaa, 2ffaan Abdi, 3ffaan Daraara, 4ffaan Ebbisaa, 5ffaan Ayyaana, 6ffaa Naa'ol turan. Maatiin kun maaltu beeka abbaa Fuulbarruu LEENCA AGAMSA kan hojjetee ta'uu danda'aa. Maati kun hunduu maati karaa bilchinaa sammuun sadarkaa irra jiraanidha.

Maatiin Araarsa kun hundi dhiiraa ta'uun isaani fi akkaata waligaltee isaani namoota biraa irraa addaa ture. Kalaqaa hedduu kan gummachani fi hammaa Qarshii harkaan kalaqaani gabaa irra oolchanitti kalaqni isaani fudhatama argateera. Bara bilbillii harkaa magaala kana keessa hin ga'iin Obboo Araarsa bilbilaa kalaqee ummata isa faana fageenya irratti waligala tureera. Kana seenaa godhe bira darbeera. Garuu daa'imni isa hundi karaa isa irra deema waan jiran fakkaatu.

Maatiin kun karoora gara fuuldurratti kalaqawwaan hedduu adduunyaaf gummachuuf tattaaffi cimaa irra jiru. Margaan kalaqaa jalqaba Motoraa(Aannisaa sochii gara Aannisaa elektrikitti kan jijjiruu) yeroo jalqabaaf magaala kana keessatti kalaqe. Abdiin ammoo fincaan looni fi kan namoota garaa boba'aatti jijjiree qarshii bobaa'aaf ba'u hir'isee kalaqaa isa jalqaba ture.

Daraaran ammoo meeshaa Aannisaa ifaa gara aannisaa elektirikiitti (SOLAR) manatti kalaquun kalaqaa isa jalqaba ture. Ebbisaan ammoo meeshaa humna magineetii gara dhagaatti jijjiruu kalaquun kalaqaa haaraa kana gara humna magineeti lafaa garaa zeerootti deebisuuf hojii irra jira. Ayyaana fi Naa'ol ammoo daa'ima xixxiqqoodha.

Maatiin kun karaa hundaan deemsa isaani gara fuuldurratti deema jiru. Namoonni ollaa isaani maatin kun kennaa qabu jedhu. Garuu kenna qofaa miti. Abbaa fi haadha isaani dabalate tattaaffii cimaa godhu. Daraaran kennaa isa kana qofa na ga'aa jedhe hin teenye. Magaala isaani keessatti bilbilaa namoota hedduu kan isaatti hidhatee magaala sana guutummaa to'aanno isa jala jirti. Maatiin kun icciti kana nama tokko itti illee hin himne. Daraaran karaa bilbilaa fi Kameeraan bakkeewwan soodachisoo tokko tokkoo irratti hidhee maati isa eega ture.

Gochawwaan magaala Agamsa kana keessatti rawwaataman karaa bilbilaa fi karaa Kameera sana maati kana ga'aa ture. Taatewwaan magaala kana keessatti rawwaatamani garuu eenyuu akka rawwaate walaallamee ture, maatiin kun beeku turan. Du'aa Poolisii tokkoo , ijoolle dargaaggoo Shaanqoo fi Ermiyaas, Akkasumaas qabeenyi hawaasa eenyu akka saame hundu iccitiidhaan maatii Araarsa keessa jira ture. Haa ta'uu malee Daraaran nama sammuu cimaa qabu fi gara fuulduratti abdii hawaasa isaaf ija ta'uuf tureedha.

Bara Dassaalee Deesa du'ee eenyuu akka rukkutee namni arge hin turre. Garuu Fuulbarruun LEENCA AGAMSA barreesse ture. Namoonni muraasni erga ilaalani booda fuulbarruu isa irra balleesse. Iccitiin kun karaa bilbilaa poolisoota kan argame yoo ta'u. Daraaran bilbilaa namoota hedduu bilbila isa irratti hidhaate ture. Haa ta'u malee Daraaran fi maatiin isa kun iccitii kana utuu gad hin baasin jiru. Gaaf tokko maati kanaaf yaaddo cimaa kan ta'u oduu jibbisisaa tokko dhufe.

Oduu kun oduu akkaam akkaami akka ta'e ilaalla? Maati hidhaanno cimaa fi guutuu hidhaate ta'ee oduun akkamitti akka maati kana soodachise ilaalla?

Maatin kun dhugummatti hidhaanno cimaa qaba ture, garuu namoota biroof hidhaannoon kun itti hin argamu ture. "inteernetiin magaala Agamsaa fi Naannoo ishee irra badaa" kan jedhuu oduu miliqxee baate gurraa maatii kana keessa buute. Maatin kun yeroo kana dhaga'eetti hedduu kan rifaate yoo ta'u, garuu kana dhaabuuf hedduu yaalan hin milkoofne.

Hojiin maati kana hedduun inteerneetii irratti kan hunda'ee yoo ta'e iyyuu keessuma Daraaran hojii isa inteerneeti malee bu'aa hin qabu ture. Daraaran inteerneetii kana akkaata itti deebi'uu hedduu yaalera, garuu hin milkoofne. Furmaata biraa dhabee hojii isa kana inteerneetii irra gara inteerneetii maleetti jijjiruu barbaade. Kana gochuuf yaali waggoota hedduu fi qarshii gara 200,000 isa gaafate.

Ijaa maatii kana kan ture Daraara ture. Hojiin Daraara kun maati kanaaf angafa ture. Garuu inteerneetiin baduun mataa dhukkubbi cimaa ta'e……..

JIREENYI ITTI FUFAA…

BOQONNAA SADII[3]

KISAARA FI KUFAATI MAGAALITTI

Barri wal irratti dhufa bara jijjireera. Haa ta'uu malee, ummaanni garuu godaannisa isa hin dagaanne. Sammuun dhaloota hedduu midhameera. Bara 2013 taateen haaraa rawwaatame. Ummaanni Agamsa dur hedduu kan wal jaallatu, har'aa dinaa wal godhacha jira. Dargaaggoon magaala kana hedduun baqatee kaan ammoo yaadda'aa magaala keessa jira. Waluma galatti baasastuu fi sobduun magaala kana keessa heeddummatteeti.

Obboo Daavviit jedhama. Baasastuu fi sobduu magaala kana beekamadha. Manguuddoo gannaa 57dha. Abbaa ijoolle 6ti. Mana fi qabeenya magaala kana keessa qaba. Qeerroon mana isa fi qabeenya isa yeroo hedduu yaali barbaaddeessu taasisani turan. Garuu dogooggora isa irraa matuma deebi'uu hin dandeenye.

Namoonni qabeenya qabna jettaan fi aangoo qabdaan magaala Agamsa fi ummaata ishee jeeqa jiran keessa sadarka 1ffaa irra kan jiru Obboo Daavvit jedhamu. Obboo Daavvit hiddii dhaloota isa sanyii warraa dhiiraa fi cimoo turan. Garuu daavvit sodaata fi baasasa cimaa
ta'eera……
……
…….